Qunnamtii Saalaatiin Ijoollee Miidhuu

Qunnamtii saalaatiin miidhaa ijoollee irraan gahuun seeraa alaa fi yakka..Miidhaan qunnamtii saalaa yaroo namni tokko qunnamtii saalaa gaafatee, kennaa dhaan ykn tola ooluu dhaan, nyaataan, manaan, diinaggeen , alkoolaan, ykn maallaqaan qunnamtii saalaa jijjirate. Ijoollee qunnamtii saalaatiin miidhuun yaroo namni guddaan baakka ulfinaa (aamaanaan itti kennamte) irraa jiru ykn aangoo qabu, kan akka firaa, barsiisaa, ministera, ykn abbaa seeraa, nama isarra xiqqaa, kan heduu dadhabaa tahee, umriin isaa bara 18 gadii ti wajjiin rafee itti fayyadame jechuu dha.

Eenyuu tu qunnamtii Saalaatiin Miidhama?

Irra hedduun ijoollee qunnamtii saalaatiin midhaman dubartii dha. Garuu, ijoolleen dhiiraatiis ni midhaman..Hedduun isaanii jireenya wal dhabbi maatii, araaduu, , lagatamuu, tumamuu ykn qunnamtii saalaatiin miidhamuu muuxayfatanii jiru. Hedduun isaanii yaroo gabaabduuf ykn dheertu dhaaf mana- hinqabnee tahuu dhaan waan jiraataniif, irra hedduu yaroo tana keeysatti gaheeysi qunnamtii saalaatiif itti fayyadama.

Umrii tamitti qunnamtii saalaa godhuun ijoollee dhaaf hayyamama?

Kanadaatti ijoollen qunnamtii saalaa godhuu dhaaf bara 16 tti hayyamamaaf. Umrii tanatti qunnamtii saalaa godhuu dhaaf murteeyfachuu ni dandeyan ja'ameeti hubatama. Namni umriin bara 16 qunnamtii saalaa godhuu dhaaf murteeyfachuu dandeyu llee, gaheeysatti hin laalamu.. Manitoobatti gaheeysi nama umriin 18 guutte. Namni umriin 16, gaheeysaa wajji qunnamtii saalaa godhuu dhaaf wal tahuu kan dandayu, gaheeysi nama aangoo irra jiru ykn adaraan itti kennamte **yo** tahuu baate **qofa.** Gaheessi aangoo irra jiru ykn kan adaraan itti kennamte, nama umriin bara 18ti gadi wajji qunnamtii godhuun seeraa ala. Gaheessi seeraa tti buluu dhaaf gaafatama qaba.

Yo qunnamtii saalaa tiin ijoollee miidhite kudhamaa (guilty) taate maaltu taha?

Yo ijoollee umriin bara 16 gadii qunnamtii saalaatiin miitee yakkamte, bara 10f hidhamtee Kanadaa irraa darbamuun kee ni mala. Amalli kee maatii, hawaasa fi saba keetillee maqaa yakkuun ni mala. Poolisiin maqaa kee Galmee NamootaIijoollee Miidhan keeysatti galchee akka namayyu daawwachuu dandayan godhuu.. Jireenya kee guutuu salphinaan jiraattee, hujii ykn mana kiraa arkachuu dhaaf rakkachaa jiraatta jechuu dha.

Gara fayyaatiin maaltu nama irra gaha?

Muciyyoon/ mucaan qannamtii saalaa tiin miidhamaa jirtu, dhibee qunnamtii saalaa tiin dabran (DhQSD) ykn Human Immunodeficiency Virus (HIV) qabaachuun ni mala. Yo koondomaan malee qunnamtii saalaa gootee, muciyyoon dhibee si qabsiisuu ykn ati muciyyoo DhQSD qabsiisuu tu mala. Yo dhibee qabaattee kan dabarsi tu tahe, HIV'n akka nama qabu anjeeysita. HIV'n AIDS taha. AIDSf wallaansi hin jiru. Yo HIV'n si qabe if irratti hin beeytu taha, sababaaniis asxaan sirratti mul'achuu dhabuun ni mala. Yooniif asxaa hin qabaannee, dhibee jaalallee qunnamtii saalaa, niitii ykn jaarsaa fi ijoollee hegere dhalatullee qabsiisuu ni dandeeysa.

Yo namni tokko, qunnamtii saalaatiin ijoollee miidhu jira jette yaadda taha maal godhuu qabda?

Akka ijoolleen qunnamtii saalaatiin hin miidhamne, nagaya isaanii tiysuun gaafatama gaheessa maraati. Yo muciyyoon qunnamtii saalaatii miidhamaa jirti jettee yaaddofte, yaaddoo tee Poolisitti, Tajaajila Ijoollee fi Maatii ykn damee DhQSD tan kiliniika fayyaa tiif gabaasi. Maqaa kee himuu hin qabdu. Odeessiin gabaaftu hundi hiccitii dhaan eegamti. Yo yaaddoo tee akka itti gabaastu hin beeyne, gorsitoota dubbisii akka si gargaaran gaafa dhu.

Sosochiileen asitti aanan seeraa ala. Poolisii qunnamuu qabda yo:

- gaheessa karaa irratti nama umriin bara 18 gadii wajjiin rafuuf gaafatu agarte.
- nama ijoollee qunnamtii saalaa tiif guguru agarte
- interneeta irratti suuraa ijoollee qunnamtii saalaa gootu agarte
- intala/ilma keessan karaa interneet namni qunnamtii saalaa tiif dubbise.
- websaaytii waa'ee qunnamtii saalaa tiin ijoollee miidhuu dhaaf imala deemuu dhaadheeysu agarte.
- naannawa keeti tti mana qunnamtii saalaatiin ijoollee itti miidhan jettee shakkite.
- Muciyyoon/mucaan mana isaanitti , mana barumsaatti, ykn bakka birootti midhamuu quba qabaattee.

Sochiilee seeraa ala kanneen karaa sarara www.cybertip.ca, Poolisii Winnipeg Bilbilaa 986 3464 ykn emaili wps- vice@winnipeg.ca gabaasuu qabdan. Odeessa caalaa tti arkachuu dhaaf, , www.stopsexwithkids.ca ilaalladhaa.

Version 8, December 2009